


# FOOYAINSA RAINIER

## Bara 2020 Rainier fi Rose irratti karaa miilaa fi mallattoo daandii haaraya



### RAINIER/ROSE IRRATTII MAALIIF JIJJIIRRAAN GODHAME?

Qaxxaamurri Rainier fi Rose Qaxxaamura beekkamaa walitti bu'iinsa konkolaataa Rainier gubbaa fidaa jiruudha. Walitti bu'iinsi kan uumamu yeroo konkolaachistoonni Rainier irraa fi alaa gara bitaa naannefatan yoo ta'u nama miilaan deemu miidhaan irra gahaa jira. Nama miilaan deemuuf haala nagayaa fi mijaahaa ta'e uumuuf hojjataa jirra.

### MAALTU JIJJIIRAMA?

Daawwattoota Hawaasa Ethiopia Seattle (namoota 100 ta'aniif) fi Ollaa naannoo san jiraataniif filannoon 2 akka jiru ibsinee turre. Wanti ummata irraa dhageenye akka mallattoon tiraafikaa karaa miilaa kan amma jiru irraa gara 4tti oliguddatu kan jedhu ture.

Yeroo ammaa Maallaqa walitti fidnee dizaayinii mallattoo tiraafikaa guutuu karaa irraa kan qaxxaamura miilaa daandii gama kaabaa tiin, karaa jiddugala daandii irraa maquu fi marfata karaa miilaa lama ballisuu irratti hojjataa jirra.

Daandii karaa bitaatti maqu banaa gochuudhaaf iddoo konkolaataan dhaabbatu kan gara lixaa kaasuu qabna. Iddoon dhaabbii konkolaataa barbaachisaa akka ta'e ni beekna. Kanaaf iddoo yaabbii fi bu'iinsaa haaraya dabaluuudhaan daldala keessan

gargaaruudhaaf hojjataa kan jirru yoo ta'u karaa bahaatiin iddoo dhaabbii konkolaataa haaraya ni daballa.

Haalli kun qaxxaamura walitti fiduun haala nageenya kan fooyyessu yoo ta'u gara bitaatti naannahuudhaaf haala mijeessa. Namoota konkolaataa ummataa (Baasii) yaabbachuudhaaf deemanii fi kan iddoo daldalaa irraa waa bitachuuf daandii qaxxaamuran haalaan gargaara. Fooyya'iinsa kana bara 2020 ni ijaarraa jennee yaadna.

### NU QUNNAMAA

Gaafii yoo qabaattan teessoo kanneeniin nu qunnamuu ni dandeessan RainierAveS@Seattle.gov ykn 206-727-8697 Odeeffannoo dabalataa tiif [www.seattle.gov/visionzero/projects/rainier-ave-s](http://www.seattle.gov/visionzero/projects/rainier-ave-s).

Rainier nagaya qabeessa waan gootaniif galatoomaa



**Seattle**  
Department of  
Transportation

